Washington State Department of Social & Health Services
ESA Economic Services Administration

# Eeyyama deeggarsa qarshii deebi'uu yeroo murtaa'eef (Interim Assistance Reimbursement Authorization)

| MAQAA MAAMILAA | LAKKOOFSA EEGUMSA HAWAASUMMAA | LAKKOOFSA EENYUMMAA MAAMILAA | LAKKOOFSA BILBILAA |
|---|---|---|---|
| | | | |

| ARGAMA TEESSOO | MAGAALAA | ISTEETII | ZIIP KOODII |
|---|---|---|---|
| | | | |

| TEESSOO POOSTAAN ITTI ARGAMU | MAGAALAA | ISTEETII | ZIIP KOODII |
|---|---|---|---|
| | | | |

**Jechi isteet jedhu the Washington State Department of Social and Health Services (kutaa hawaasaa fi tajaajila fayyaa isteetii Waashingitanii) jechuu dha. Jechi Ana, ana fi kan koo jedhu maqaa maamilaa armaan olitti barreeffame bakka bu'a. Jechi SSA jedhu, Social Security Administration (Bulchiinsa Eegumsa Hawaasummaa) jechuu dha. Jechi SSI jedhu Social Security Supplemental Security Income (galii dhiyeessii eegumsa hawaasummaa) jechuu yoo ta'u, sagantaa dhiyeessii galii federaalaati. Jechi Interim Assistance (gargaaraa lammataa) jedhu kaffaltii maallaqaa guutummaatti deeggarsa isteetiidhaan deeggaramu akkasumas kan dhiyaatu isteetii dhaan yookaan maqaa maamilaatiin fedhiilee bu'uuraa maamilaa guutuudhaaf, boodarra ammoo kaffaltii SSI jalqabaadhaan kan baay'atu jechuu dha.**

**Unka kana mallatteessu dhaan eeyyama maaliin kennaa jira?**

Yoo kaffaltii SSI fudhachuuf ulaagaa nan guuta ta'e, koomishinarri SSA isteetiif kaffalttii SSI koo isa darbeerraa akka kennuuf, kunis hamma ani deeggarsa hawaasummaa isteetii irraa fudhadheen walqixa kan ta'eef, eeyyama kennuu koo nan hubadha.

**Eeyyama kana akkan mallatteessuuf na gaafachuuf isteetiin aangoo qabaa?**

Eeyyee Eyyamamaa ta'uuf mallatteessuun deeggarsa qarshii isteetiidhaan kennamuuf ulagaa guutuuf kan barbaachisu dha, akka WAC 388-400-0060 fi RCW 74.62.030 jedhutti. Yoon eyyamamaa ta'uu koof mallatteessuu dide, deeggarsa hawaasummaa isteetii argachuu hin danda'u.

**Yoo SSA kaffaltii darbee koo hundasaa naaf erge maal gochuun qaba?**

Deeggarsa hawaasummaa isteetii fi SSI yeroo tokkotti akkan argachuu hin dandeenye nan hubadha. Yeroon SSI argachuuf filamu, deeggarsi hawaasummaa isteetii liqii akka ta'uufi deebisuu akkan qabu nan hubadha. Yoon kaffaltii SSI darbee koo kan isteetiif akka kaffalamutti gadi hin buunee argadhe, gara waajjira maallaqa deebisuutti karaa 1-800-562-6114 bilbiluun ajaja akka an itti deebisee liqicha kaffaluu danda'uu nan hordofa.

**Eeyyamni an kennu kun hamma yoomiitti hojjeta?**

Eeyyama kennuun kun fudhatamaa ta'uuf anaa fi bakka bu'aa isteetii dhaan mallattaa'uu qaba. Kunis anaafi isteetii yeroo walfakkaataa guyyaa itti isteetiin simatuu irraa kaasee fi ani immoo yeroo sanatti SSI guutuuf waliigalu kan kennu dha.

Yeroo iyyannoon SSI **guutamu,** eeyyamni kun**fudhatama godhachuunsaa kan itti fufu** hanga:

- Kaffaltii SSI koo jalqabaan argadhe; yookaan
- Akka sakatta'amuuf gaaffii hin dhiyeessu yookaan iyyannoo bulchiinsaaf hin dhiyeessu akkkasumas yeroon iyyannoof kenname irra darbeera
- Anaafi isteetiin akka eeyyamamni kun xumuramu walii galtee taasifneerra.

**Yoo isteetiin guyyaa 30 keessatti SSA dhaaf guyyaan itti eyyama kana kenne hin beeksisu ta'e, eeyyamni kun anaaf isteetii walitti hin hidhu.**

**Eeyyamamni kun faayidaa SSI tiif akka eegumsaatti ni gargaaraa?**

Eeyyee, yoon unka SSI hamma yoonaatti hin dhiyeessine ta'e, SSA unka kana simachuu qaba akkasumas guyyaan itti mallatteese akka guyyaan itti unka kana SSI galcheetti fudhachuu qaba yoon unka SSI guyyoota 60n an eeyyamamaa ta'uu koo mallatteesse keessatti galche Yoon unka guyyoota 60 keessatti faayidaa SSI hin galchu ta'e, eeyyamamaa ta'uun koo guyyaa unka SSI dhiyeessuu koo naaf hin eegu.

**Eeyyamamaa ta'uu koo kana ilaalchisee tarkaanfii isteetiidhaan fudhatamu irratti yoon walii galuu dide, mirga bulchiinsarraa dhaga'uu qaba**

| Mallattoo maamilaa | GUYYAA |
|---|---|
| MALLATTOO BAKKA BU'AA DSHS | GUYYAA ITTI DSHS dhaan SIMATAME |



Barcode label

18235